# sila waan isin sadaqattan Rabbiin isiniif hin goonee? Tasbiihin jedhamu hundi sadaqaadha, takbiiraan jedhamu hundi sadaqaadha, faaruun jedhamu hundi sadaqaadha, Laa Ilaaha Illallaah jechuun hundi sadaqaadha, toltuutti ajajuun sadaqaadha, badii irraa dhoorguunis sadaqaadha, wal qunnamtiin tokkoon keessan haadha manaa isaati waliin godhus sadaqaadha

Abuu Zarri irra akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu-: Sahaaboota nabiyyii irraa -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namoonni wohii nabiyyiidhaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: yaa ergamaa Rabbii, abbootiin qabeenyaa mindaadhaan nu dursanii deemaniiru, akkuma nu salaannutti salaatu, akkuma nu soomnutti soomu, haftee qabeenya isaanii immoo ni sadaqatu, nabiyyiinis akkas jedhani: "sila waan isin sadaqattan Rabbiin isiniif hin goonee? Tasbiihin jedhamu hundi sadaqaadha, takbiiraan jedhamu hundi sadaqaadha, faaruun jedhamu hundi sadaqaadha, Laa Ilaaha Illallaah jechuun hundi sadaqaadha, toltuutti ajajuun sadaqaadha, badii irraa dhoorguunis sadaqaadha, wal qunnamtiin tokkoon keessan haadha manaa isaati waliin godhus sadaqaadha", isaanis ni jedhani: yaa ergamaa Rabbii, tokkoon keenya fedhii isaa baafatee isa keessa mindaan isaaf jiraataa?, isaanis ni jedhani: "mee ilaalaa osoo haraama keessa kaa'ee jiraatee silaa badiitu isa irra jiraataa mitii? akkasuma halaala keessa yeroo kaa'es mindaan isaaf ta'a".
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Gariin hiyyeessa sahaabotaa haala isaanii, hiyyummaa isaanii fi akkuma obboleewwan isaanii abbootiin qabeenyaa hedduun mindaa argatanitti isaanis qabeenya sadaqatanii mindaa hedduu argachuu dhabuu fi akkuma isaanii toltuu hojjachuu dhabuu isaanii nabiyyiitti komii dhiheessani -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- abbootiin qabeenyaa immoo akkuma nu salaannutti salaatu, akkuma nu soomnutti soomu, haftee qabeenya isaanii immoo ni sadaqatu nuti immoo hin sadaqannu! Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gara sadaqaa isaan danda'aniitti isaan qajeelchanii, akkas jedhani -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-: Rabbiin waan isin luubbuu keessan irraa saddaqattan isiniif hin goonee?! jecha keessan: (Subhanallaah) jettanuuf mindaa fi sadaqaatu isaniif jira, akkasuma jecha: (Allaahu Akbar) jettanuufis sadaqaatu jira, jecha (Alhamdulillaah) jettanuufis sadaqaatu jira, jecha (Laa Ilaaha Illallaah) jettanuufis sadaqaatu

jira, (toltuutti ajajuunis) sadaqadha, (badii irraa dhoorguunis) sadaqaadha, inumaa wal qunnamtii tokkoon keessan haadha manaa isaa waliin godhu keessa sadaaqaatu jiraaf. Raajeffachuun, yaa ergamaa Rabbii, tokkoon keenya fedhii isaa ba'atee isa keessa mindaan isaaf jiraa?! jedhani. isaanis: argitanii zinaa fi waan birootiin osoo haraama keessa kaa'eera ta'ee badiin isa irra hin jiruu? akkasuma halaala keessa yeroo kaa'es mindaatu isaaf ta'a.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/4558

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee